homes victoria

Flemington
Odeeffannoo haaraa Hawaasaaf



Ayyaaneffannaa hawaasaa Paarkii Murnalung

Sagantaa ho’aan yeroo bonaa hawaasicha gara iddoo haaraatti simateera.

Hojiiwwan akkuma itti fufaniin, iddoowwan dhaabii konkolaataa dabalataa gara hojiitti deebi’aa jiru.

Dabalataaf kaartaa keessoo jiru laali.

Sagantaan jiraattotaaf odeessa kennuu itti fufeera

Sagantaaleen as dhihoo kanaa jiraattotaan akka gaariitti simataman. Akka itti fufan ni goona, odeessaaf haaraaf gabatee beeksisaa mana keessaa hordofaa.



Paarkiin Murnalung paarkichii akka ho’uuf sochii fi gammachuun guutamee ture.

Namoonni 300 ol ta'an Hagayyaa keessa paarkiin haaraan Murnalung banamuu isaa kabajuuirratti hirmaataniiru.

Hawaasni kun fuula halluu dibu, henna, konkolaataa nyaataani irratti qopha’uu, dhugaatii ho'aa, shubbisa Afrikaa fi taphoota hundaaf ta'utti gammadee bashannaneera.

Qorri boonaa jiraatu iyyuu fuula hawaasaa seequun ife iddoo banaa magariisaa haaraa iskuweer meetira 5000 ta'e kanarratti arguun, gammachiisaa ture.

Odeeffannoo haaraa jijjiraa jiraattota Crown Street ttif

Adoolessa 2026

- Maatiiwwan dhuunfaa waliin hojjettoonni addatti hojii bakka jijjiiraa irratti bobba’an jiru.
- Jiraattonni manneen haaraa naannoo sana jiran akka daawwatan affeeramaniiru
- Manneen dhihoo argachuuf iyyannoon gochuun eegalameera

Bara 2026 gara dhumaa

Manneen haaraan naannoo keessatti ijaaramani xumuramanii jiraatota bakka biroo qubsiisamaniif kennamu.

Guraandhala 2028

Jiraatoti hundi bakka biroo qubsiisamu.

Waa’ee unka jijjiirraa keessanii fi daawwannaa manneen haaraa naannoo sana jiraniihojjetaa jijjiirraa keessanii wajjin haasa’aa. Yookiin imeeyilii **relocationsteam@homes.vic.gov.au** irratti ergaa

Wal-quba qabeenya qabaachuu


Sagantaalee odeeffannoo

Dubdeebii Gorsaa

Odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'aa

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/flemington-precinct



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria** irratti nu hordofaa

Mootummaa Victoriaan hayyamamee fi maxxanfame, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Homes Victoria, Fulbaana 2026. (HV024526). Finsbury Green, Melboorn Viktooriyaa, 3000 tiin kan maxxanfame.

VICTORIA State Government

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta’u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.

Flemington keessatti maaltu tahaa jira

Fulbaana 2026



Holaand Koort
manneen haaraya 286 fi paarkii ummataa

Paarkii keessoo haaraya
Hojiiwwan hojjetamaa jiran.

126 fi 130 Reeskoors Rood

Hojiilee tiriikaa

- Hojiiwwan elektirikaa itti fufu

Karaan kuusaa kosii, suphaa fi tajaajila ariitii yeroo hundumaa ni haaromfamu.

120 Reeskoors Rood

Gamoon tikfamaa dha

Smuuda meeshaalee ijaarsaa fudhachuu

Paarkiin Murnalung amma banaa dha

Bakki dhaabbii konkolaataa Fulbaana jalqaba keessa banama

Bakki dhaabbii konkolaataa Fulbaana jalqaba keessa banama

Holland Court

Racecourse Road

Furtuu

- Bakki dhaabbii konkolaataa banaa dha
- Bakka dhaabbii konkolaataa qaama miidhamtootaa
- Wal dubbisa daqiiqaa 5
- Toora Ambulaansii
- Dhaqqabbii tiraafikaa
- Dhaqqabbii miilaan deemtotaa
- Toora hojii dallaan marfame

12 Holaand Koort

Gamoon tikfamaa dha

Smuuda meeshaalee ijaarsaa fudhachuu

Bakki hundee ijaarsaa hojjechuu

Fuulduratti walitti hidhamiinsa ibsaa fi bishaanii mirkaneessaa jirra. Waan armaan gadii hubachuu dandeessu:

- Meeshaalee uraa, qotuu fi magaazaa fi konkolaattota ulfaatoo
- Mukkeeni fi biqiltoota garii dhabamsiisuu
- Ifaalee gubbaa deebisanii dhaabuu
- Jijjiirraa bakka dhaabbii konkolaataa fi karaa miilaa

Yeroo ijaarsi taasisamaa jiru keessa naannoo kee keessa nagaan jiraachuu

Nageenyaaf eeggannoo gochuuf jecha, waca sagalee, owwaara fi waan urgufamu ni to'anna.

Naannoo keessa deddeemuu

- Osoo hojiin hin eegalin dalasaan (fence) ni tolchama
- Konkolaataa gudguddaan yoom akka dhufuu fi eessa akka dhaabbatu sitti himna
- Nageenyaan naannicha keessa deddeemuuf jijjiirama karaa miilaa yokin karaa irratti tahe hordofi
- Warreen konkolaataa to'atan yeroo isaan achi jiran si gargaaru waan taheef qajeelfama isaan sitti himan hordofi

Waanneen dhimma itti baatu eeggannoodhaan qabuu

- Wannee faalma qaban (hazardous materials) yeroo qulqulleessan yeroo hunda eeggannoo cimaatu taasisama
- Naannoo faalami (hazardous) jiru irraa si dhorkuuf yero hunda mallattoon naannicha ni kaayyama
- Namooti hojjetan uffatan ittisaa (protective clothing) uffatan arguu malta

Karaa irra dabran tolchuu

- Karaan tajaajil yeroo balaa (emergency services) yeroo hunda qophaawaa dha
- Bakka konkolaataa dhaaban mijjataan, bakka konkolaataan namoota dhibama qaamaa qaban dabalee yeroo hunda ni jira
- Karaa miilaa fi karaa irra ibsaan yeroo hunda ni jira.

Hojiin keenya yeroo sa'aa hojii kan Gumii naannootiin (Council) gaggeeffama.

Wixataa hanga Jimaataatti
Waaree dura sa'aatii 7 hanga Waaree booda sa'aatii 6 gidduutti

Sanbat-duraa (Saturday)
ganama sa'aa 9 hanga waaree booda sa'aa 3

Yeroo tokko tokko sa'aa ibsameen ala hojjechuuf hayyama gumii naannoo (council) barbaaduu mala, garuu yoo akkas tahe hawaasa ni beeksisna.

Hojiin hojjetamu hundi sadarkaa nageenya qabeessa ol aana tahe kan qabuu fi waan seerri gaafatu kan guutu taha.

Odeessa haaraa dhimma hojiirratti gabatee beeksisaa mana keessaa hordofaa.

Jiraatoti odeeffannoo dabalaa barbaadan waajjira manneenii naannoo isaanii qunnamuuf:

1300 360 462

ascotvale.housing@dffh.vic.gov.au

Afaan keessan dabalatee odeeffannoo dabalataaf marsaa itti aanu daaw'adhu:
homes.vic.gov.au/information-in-your-language

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

enquiries@homes.vic.gov.au